ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT **ةهبـج ريرحــت أ مورو و**

Onkoloolessa (October) 31, 2009

MURTII TOKKOOMUU JAARMAYOOTA, GURMUULEE FI QABSAA'OTA WALABA OROMOO

Seensa

Ummanni Oromoo saboota Gaafa Afrikaa keessatti argaman keessaa, saba lakkoofsaan guddichaa fi kan biyya bal'oo qabu. Aadaan isaa, keessattuu sirni jaarmayaa fi bulchiinsa Gadaa, qarooma saba kanaaf ragaa baya. Gaaddisa dimokraasii Gadaa jalatti mootummaa walabummaa biyya isaa ittisu bilisummaan filatee, nagayaa fi wal-qixummaan misee jaarraa dheeraaf jiraataa ture.

Haa ta'u malee, hidhannoo baranee fi waraana ittisaa waalta'e dhabuu irra kan ka'e, imaammata gabroomfatoonni maanyaa-gamaa Afrikaa addaan ciccirachuuf baafataniin wal-qabatee madaallii humna Gaafa Afrikaa dhumaalessa jaarraa 19ffaa irratti tumsa gabroomfattoota hedduutiin jijjiiramee sirni ummata Oromoo afaan qawweetiin diigamuu mudate. Haala kanaan sirni kiyyoo gabrummaa qubattummaa Itoophiyaa Oromiyaa irratti ijaarame. Falammii ummanni Oromoo biyya isaa diina irraa ittisuuf tumsa humnoota gabroomfattootaa kana dura dhaabbateen keessatti, lubbuun Oromoota miliyoonaan lakkaa'amu wareegamaniiru.

Ummatni Oromoo biyya isaa ta humnaan irraa fudhatamte deebiffachuuf, mirga isaa ka afaan qawween sarbame gonfachuuf, taligaa isaa ka diigame deebisee utubachuuf, qabsoo walirraa hin citne godhaa ture . Bakka, haalaa fi yeroo adda addaatti diddaa roorroo hadhaawaa geggeessuun qabsoo wolirraa hincinne godhaa ardha gaye. Qabsoon ummanni keenya baroota dheeraaf gochaa ture jaarmota siyaasaa gara garaa dhale. Jaarmayoonni kunilleen qabsoo Oromoo bakkaan gahuuf wareegama qaalii kafalaa, mootummoota gabroomfataa Abashaa dhawaata dhawaataan wol jijjiiran dura dhabbachaa fi lolaa as gahan. Sochiin kun hanqina waaltomina, hoogganaa fi jaarmaya ititaa haalli akkasii gaafatu dhabuu irraa haga ar'aattuu guututti milkaa'uu baatus gabroofattootaa fi roorriftoota dhawaata dhawaataan woljijjiiran hundeen buqqisee of-irraa darbuuf wareegamni bara Menelik, Haila Sillaasee, Darguu fi ardhas murna bittuu Wayyaanee jalatti baasee fi baasaa jiru seenaa keessatti gulantaa ol-aanaa qaba.

Wayyaaneen ummata keennaan afaaniin mirga ofiin of bulchuu qabda jechaa, gochaan ammoo sirna gabrummaa fi cunqursaa daangaa dabre irratti diriirsitee jirti. Saaminsa diinagdee seenaa keessatti hiriyyaa hin qabne irratti geggeessaa jirti.

Gaafiin hundee Oromoo hundarraa, deebii quubsaa barbaaddu, “harki caalaan saboota dhumaaleessa jaarraa 19ffaa irratti fedha isaaniin malee sirna gabrummaa jalatti kufanii har’aan tana biyya ofii walaboomsanii mootummaa isaanii deebifatanii jiru. Nu, Oromoon hoo maal dhabnee sirna gabrummaa buqqifnee, kaayoo lubbuun ilmaan Oromoo woggaa dhibbaa oliif miliyoonaan itti woreegamte galmaan gayuu hanqanne?” ta jettu taatee jirti.

Wolhubannoo*:*

Kaayoo ol’aanaa akeekkate dhaqqabuu baatus, wareegama qaqqaalii ummanni Oromoo fi qabsaa’onni Oromoo haga ar’aa baasaniin, qabsichi mirgoota hin tuffatamne argamsiisuu irra dabre qabsoo fuula duraaf bu’uura cimaa buusee jira. Eenyummaa ummatichaa kan dhokfamee awwalamee ture ifaatti baasee addunyallee beeksisee jira. Afaanii fi aadaa isaa baraarsee dhabama irraa hanbiseera. Daangaan Oromiyaa hangamuu mummuramuu fi jajallatus ifatti adda ba’ee akka mul’atu taasisee jira. Akkasumas sabni kun qabsoo isaatiin mirgoota hafan akka gonfatu dandeessisuuf dammaqiinsa siyaasaa, dagaaginsa sabboonummaa fi Oromummaa sadarkaa ol’aanaa irra geessisee jira.

Ir’innoota gurguddoo qabsoo Oromoo canqarsan keessaa:

I. Hoogganni Qabsoo Bilisummaa Oromoo akeekaa fi galma akkasumas daandii qabsoo irratti tokkummaa dhabuu; Kaayoo siyaasaa qulqulluu fi mul’ata (makkaaldhoo) ifaa qabaachuu dhabuu, qabsaa’otaa fi ummatni Oromoo, ilaalcha arrab-lameen kanaan afanfaajja’uu,
II. Hanqina jaarmayaa qabsoon bilisummaa Oromoo dhaloota irraa kaasee haga ar’aatti qabdu irraa kan ka’e ummata bal’aa Oromoo moggaa-moggatti, irraa-jalatti karaa siyaasaa fi waraanaatiin dammaqsuu (mobilize), gurmeessuu fi hidhachiisuun qabsorraa hirmaachisuu dadhabuu;
III. Tarsimoon qabsoo hidhannoo dhawaataan bakkaa siqaa dhufuun, gootummaan saba Oromoo kan firaa fi diina fagoo fi dhihoonis faarfamu laaffatee ilaalchi jilbiifatuummaa marguu, madaala humnaa osoo hin jijjiirin araara hin argamne kajeeluuni fi mooraa QBO osoo hin ijaarinii fi itichin tumsa daangaa firaa fi diinaa hurrii itti mare mamii keessa seensisuu, kanaanis hamilee fi damboobni qabsaa’ummaa Oromoo qabbanaawaa dhufu,
IV. Saboota sirna kiyyoo gita bittuu jalatti kufanii fi qabsoo Oromoo wojjiin diina tokko qaban wojjiin wal gargaaruu, hariiroo fi tumsaa jabaa uumachuu dhabuu;
V. Sababoota armaa olii irraa kan ka’e gurmuun qabsaa’ota Oromoo faca’uun irree tokkoon diina Oromoo dura dhaabbachuu dadhabamuu fi yeroon bilisummaa dheerachuu, fi kkf akka fakkeenyaatti laalamuu danda’u.

Sadarkaan qabsoon yeroo ammaa irra geesse, injifannoo hin tuffatamne kan galmeessite tahuyyuu, haalli ummanni keenyaa fi qabsoo fuulduratti nu eeggatu bifaa fi aynaa hogganaa, jaarmayaa, fi aadaa hujii haarawa kan jijjiirama bu’uuraa ummata keenya, naannoo keenyaa fi addunyaa keessatti mul’ate wojjiin wol simatee, ofii socho’ee ummata Oromoo sochoosuun akeeka keenya galmaan gahu barbaaddi.

Milkii qabsoo bilisummaa Oromoo ummanni keenna xiqqaa-guddaan hawwu argamsiisuuf jaarmayaa, hogganaa, qabeenyaa fi waraana keenna tokkoomsuun, tarsimoo fi tooftaa nu tokkoomsee, diina keenna facaasu tolfannee, ummata keenna gaaddisa dhaabaa fi hooggana warraaqaa tokko jalatti dammaqsinee, ijaarree, hidhachiifnee gurmuu takkaan diina keenna dura gootummaan dhaabbachuun sirna gabrummaa yeroo takkaa fi yeroo maayiif ofirraa darbuuf murteeffannee jira.

Sirna Kiyyoo gabrummaa cabsanii ummata bilisoomeen biyya walabaa keessatti Mootummaa birmadaawaa Republika Oromiyaa ijaaruuf, tattaaffii dhaaboliin bilisummaa Oromoo bara dheeraaf godhaa turan, murtii jaarmotiin miseensota THBO Amajjii 31, bara 2009 wolitti baqiinsaaf murteeffatan fi waamicha ABOn baatii Sadaasa 2008 gurmuu qabsaa'ota Oromoo deebisee ijaaruun kaayoo siyaasaa ifaa jalatti jaarmayaa fi hooggana warraaqaa tokkoo fi waraana tokko maddisiisuuf dhaabota Oromoo walaba ta'aniif godhe wal-simachiisuu fi ka'umsa godhachuun;

Akeeka kana galmaan gawuuf daandii qajeelaa warraaqsaa fi qabsoo diddaa gabrummaa ijaarsa ummataan duurfamtu hujii irra oolchuun waan barbaachiseef;

Tarsimoo qajeelaa fi hojjataa irratti hundeeffamanii gurmuu qabsaa'ota ittichuun jaarmayaa fi hoggana warraaqaa, walabaa, sabbonaa, dimokiraatawaa fi waaltayaa tokko as baasuun gaaffii muddituu saba Oromoo waan taateef;

Firaa fi diina qabsoo Oromoo qulqulquleessanii addaan baasuun, fira tokkoomsuu fi ijaaruun diina kaayoo dura dhaabachuun dirqama jireennaa fi sabummaa waan tayeef;

Jaarmaya ititaa fi hoggana kutataa sirna kiyyoo gabrummaa hiddaan buqqisee ummata Oromoo mirga guutuu gonfachiisuu dirree qabsoo keessatti deebisanii gadi-dhabuu fi itichuun gaafii sardituu waan taateef;

Waraanaa fi humna Oromoo ka sirna kiyyoo gabrummaa cabsu, ummata Oromoo Bilisoomsu, mirga abbaa-biyyummaa deebisuun Oromiyaa walaba irratti sirna dimokraatawaa, birmaduu fi haqaa ijaaruu fi injifannoo galmeessamellee rukuttaa diinaa kamuu irraa ittisu ijaaruun murteessaa waan tayeef;

Walumaa galatti, jijjiirraa hundee qabsoo Oromoo keessatti fiduun booddessitummaa, kabeebsitummaa (sussuphitummaa), fi ayyaan-laallattummaa irra aannee Warraaqsa fi Bilisummaa Ummata Oromoo gara fuul-duratti furgaasuun gaaffii yeroo waan tayeef,

Nuhi jaarmayootni, gurmuulee fi qabsaa'onni walbaa Oromoo daandii qajeelaa armaa olii irratti walhubannee, waltajjii fi utubaa jaarmayaa fi hogganni warraaqaan, dimokratawaa, waaltayaa fi waraanni irkoo fin gaachana saba Oromoo taye tokko akka utubamu gochuuf waa'da seenne bakkaan gahuuf , kaayoo masakaa kan kanaa gadii iraatti waliifagalee jaarmayoota keenyas har'a irraa kafanne walitti makuuf murteeysine.

Kaayoo Masakaa:

A) Hundeen kaayoo masakaa QBO, madda cunqursaa siyaasaa, roorroo diinagdee, farra mirga namooma, farra dimokraasii, farra guddinaa, farra aagaa fi nagayaa kan taye sirna Impaayerummaa fi kiyyoo-gabrummaa Habashaa hiddaan buqqiisuun biyya Oromiyaa walabaa keessatti, ummata Oromoo bilisaan , mootummaa birmaduu dimokraatawaa Ripublika Oromiyaa ijaaruu dha. Jaarmayaa fi hogganni waligaltee keenyaan uumamu akeeka kana fiixa baasuuf hojjata; murtii ummanni Oromoo eega bilisa ta'een booda hiree mataa isaa mataa isaatiin murteeffachuuf qabus daangaa tokko malee ni kabaja.

B) Kaayoon keena uummani Oromoo bilisomee mirga abbaa biyyummaa isa sarbame deefate, Oromiyaa walabaa irratti mootummaa dimokraatawaa birmaduu republika Oromiyaa ijaaratee, sirnaa fi seera Gadaa jalatti nagayaan, walqixxummaan , haqaan, gamachuu, qanannii, fi qaroomaan dagaagee badhaadhee isaa jiraatu arguu dha. Ummatoota olla Oromiyaa jiraatan hundaafillee kanuma hawwina.

C) Jaarmayaan tokkoomuu jaarmayoota, gurmuulee fi qabsaa'ota Oromoo walabaatiin dhabbate kun tumsa tarsimoo akeeka qabsoo bilisummaa Oromiyaa hiddaan faallessu hin godhu.

Waamicha:

1. Jaarmayoonni, gurmuulee fi qabsaa'onni Oromoo kan walitti makamamuu kanarratti hin argamin fi qabsaawooni dhuunfaa kaayoo ququlluu kana hubatanii daandii eebifamaa kan jalqabame kanatti akka dabalaman waamicha goona;

2. Ummani Oromoo kan biyya keessaa fi biyoota alaa jiraatu, jaarmayootaa fi qabsaawonni Oromoo marti gaadisa tokkumaa kana jalatti gurmaawanii irree qabsoo bilisummaa Oromoo humneessuun sirna kiyyoo gabrummaa dhabamsiisanii guyyaa ummanii Oromoo mootummaa bilisummaan utubatu, nagayaa fi badhaadhinaan jiraatu argamsiisuu irratti qooda gahaa akka kennan waamicha goona;

3. Kaayoo dhugaa ka qabannee kaane kanaa fi karaa eebifamaa tokkummaa qabsaawoota Oromoo ka filanne kana fashalsiisuuf ykn faallessuuf diinni kaayoo keenyaa halkanii fi guyyaa akka hojjatu hubattanii damaqiinsaan waardiyaa tokkummaa qabsaawoota Oromoo akka taatan ummata keennaa fi qabsaawoota dhugaatti walabummaa Oromiyaa arguu barbaadaniif irra deebinee waamicha lammummaa sabaa goona.

Gadaan Gadaa Tokkummaa, Bilisummaa, fi Walabummaati!